- Waayee kee irra naaf oddessi
- Jabenyi keetiffii dadhabiin atii qabdu maali
- Hujii tana maalif barbaade? Yokaan hujii tana irra maaltu sigamachiise?
- Maaltu si mirqaansa?
- Hujii tana irra tamtu heddu sigamachiisa?
- Hujii tana irra tamtu irra gadaantii sii harkissa?
- Gaafi naaf niqabda? (gaafi nama interview sigodhuuf qabdu)

Ejjanno

6

Hujii irra turu

Dalagaa senuun hujiiif jalqaba isiiti. Hujiiin hundi waan harayaafii haala haraya barachuu barbaachisu qabdi. Bikka haarayatti hujii yero jalqabde qachelfamni ifaa tahe akka sikanamu gaafachu irra huddu booda hindebiin.

Harka namaati hubamuufi girgiriin waan nama gootu

Waldhabiisaafii lola biyya isaanitiin baqattotaafi warri asyluma barbaadeen heddu dhibamani jiren. Hedduun namaa tarkaanfi hamtuu polikatiin, loltuufi shanyi gargaaraatiin ammalle tuta gadhedan heddu midhamani jiru. Haala isaanin hinmalle kan keyssa dabran irra kanka'en

baqattonniifi hawwittonni asylama ammalle yaadaan rekacha jirru. Miidhaan waan itti dhagayamtuuf jecha haalli isaani kan yerro nagayaa irra jijiramee jira. Haalli kun akka taytaafi akeeka hojachuufi hujii irra turu akka hinqabanne isaan godhe jira.

Biyya tee kessatti wayti walddhabisaafi lolaa wanni hamaan sirratti kan hojatamee yootahe haala sitti dhagayamu irra kanka'en yoo nyaachu yookaan rafuu dadhabde. Atti:

- Abjuu hamtuufii hiriiba dhabuu
- Madaalli qaama keeti sirra bu'u
- Qalbiin sicabu, aaru, abdi dhabu
- Iraanfataa tahu yookan waan takkatti qalbi debisuu dhadhabuu
- Akka waan dabre yaadachuu dadhabuun, mala dhabuun yoo sitti dhagayame

Haalli atti keyssa jirtu wahuma tahuu malu. Nimaraatte yokaan qalbi sigaragale jechuu mit. Yero taka taka namayyu rakkina akkanaa numaqabaaton. Garu yoo rakkinni akkanaa lamaa sadii sitti dedebi'e yokaan yaadni heddu siirakkuun yero kessa jirtu siwalalchisee akka gargarsa arkatu namatti himi. America kessatti namonni haala kessa dabran irra kanka'en yoo rakkinni isaan irra gayee gargarsii nigodhamaaf. Yoo rakkina akkanaa kanfakaatu qabaate dalaydu hawaasaa, ogeyssa fayya yokaan jaala bikka gargarsaati si qacelchaniin dubadhuu.

Akka wayoytu off gargaaruuf waan gootutu jira. Fayya tee eegachuun heddu barbaachisaadha. Bara baraan haakimaan off laalchisuu, midhaan waytiin nyaachu, ammas hirribba gayaa rafuu. Waytii hunda sosoha qaamaa (exercise) godhuun cinqamuu irra nama fura. Farso yoo kan dhuydu tahe hamma itti dhaabdu murtii godhaduu yokaan off irra dhiqessi. Machiin haga sirritti siraa bu'u eggadhu. Obsa qabaadhu. Rakko heddu kessa dabartee waan as geyssee jecha akka wayyaan sitti dhagayamu gargamuuf haqa qabda.

Qaceelfama yokaan gorsa hujii

Yero hujii haaraya jalqabdu abbotiin hujii irra guddan qacelfama yokaan gorsa hujii nama laatu. Gorsii kun qacelfama akkataa hujii itti hojjattu yoo tahe ammaas waan abbaan hujii sirra eeguufii bu'aa akkamiif mirga atti qabdu off kessa qaba. Yeroon kun heddu nama cinquufi kan nama ukkaamssu. Sababni kun taheef yero gabaabdu kessatti waan heddu barachuuf tataafata waan gootuuf. Xalayaa adda addaa akka qaraatee kessa hubattu sitti kenama. Haala kan social workera keeti wajji hirmaachu feetta taha, gorsiituun hujii yokaan jaali kee waan hujiiin haarayni barbaadufi mirga kee maal akka tahe akka si ibssan gaafadhu.

YERO ILAALCHA

Irra heddu hujiiin yero atti itti laalamtu qabdi. Kun jachuun, yeroon kun waytii abbaan hujitiffii atiis hujidhaan waltahuu kee itti off laaltu. Waytiin ilaacha kun guyya 30 irra hanga 90 deerata. Yero tana kessatti abbaan hujii atii nama hujii tanaaf hintaane tahu murtaysu dendeeya. Abbaan hujii yoo atii yero heddu hujii irra dhiboyte, fayya dhaba sababsattee hujii irra heddu hafte, hujii qaxaramteef yoo harkati galfachu dadhabde hujii irra sii dhaabu nidendeeya. Waytii tana abbaan hujii otto sababa siin himnee, atii nama hujiiisatiif hintaane tahu murtayssu dendeeya. Yero toko toko yero ilaalcha kana dabartee dalayduu dhaabbataa (kan hoggayyu) yoo tate mindaan sii dabalamu mala. Oddefannon kun yero qachelfamni duraa sii kenamu sitti himamu irra jira. **Yero ilaacha egga fixxe bodde hujii irra yoo dhaabamtee, sababa hujii I**

rra sidhaabeef warqadhaan abba hujii egga gaafatte booda guyya shan (5) kessatti sababa dhugaa irratti rara'e, abba hujii irra arkachu sirra jirra. Hujii irra eegga dhaabamte guyya shan kessatti gaafachu sirra jirra. Waan kana achii hintahiin, hujii irra siidhaabuuf duraan dursanii akka sibaysissan serri gaafatuu hinjiru, atti yokaan abbaan hujii, dalagaa dhaabuuf murtayfachu dendeysan.

Yoo abba hujii tiin waan miidhamte sitti fakkaatee “Minnesota Department of Labor and Industry” “Labor Standard Unit” lakofssa tel (651) 296-2282 yokaan 1-800-342-5354 yokaan website <http://www.doli.state.mn.us>; qunnamu waaye mindaa irra gaddi aantii (minimum wage) hera nagayaa, minda kan dhumaatiffii waytii hafurbaafa'taa tan dhimma itti hibahin Kan Kana Fakaatu (KKF) irratti waan rara'u ibssa arkachu dendeysa.

Yerofii waytii hujii kabajuu

Baqatton haaraynni America dhufan waytii Biyya America tiin walbaruun hagam takka akka rakkisaafi dhamaasaa tahe dubatu, kessumattu warra hujii jalaa jalqabuuf “waytiin America” heddu jabduudha. Hujiiin tannen baqattotta haraya dhufaniif tan dura dhaloytu. Waytiin America (American time) hujii irra dhibaawuu, yero hujiiidha nama wajji hojjatu wajji oddessuun dhorkamadha. Fakkenyaaf, ganama sa'a 8:00 a.m akka hujii jalqabdu, yoo sitti himamee, abbaan hujii likki saati 8:00 a.m akka hujii jalqabduu sirra eegga. Dhiibaawu hanga dendeeyamuu jira. Hanga sii hayyamamee oll yoo hujii irra dhiboyte hujii tee nidhabda.

Waytii Hujiiidhaa

Yero hujii itti jalqabdu abba hujii irra gargar off irra bari. Hujiiin gari akka ganama barii hujii irratti arkamtu sirra barbaadden, gariin dhihaa hanga galgalaatti, garii ammo layli akka hojjattu barbaadden. Yoo sa'atii akkanaa hojachu hinbarbaane yeruma dura hujii gaafatu tan fedhi teti wajji deemtu seenu sirra jirra. Hujiiin garii waytii tiffii (dabala) hojjachu dendeysu yokaan tan gaafatuu jira. Yoo torbaanitti sa'ati 48 oll hojjatte galii waytii tiffii (waan sa'atti arkattuffii walakaa isaa dabalatee) arkachudhaaf mirga qabda. Yoo galii waan siikennamu oll arkachuudhaaf wayti tiffii hojjachu barbaadde abba hujii duraan dursi baysisi. Herri Minnesota Abbottiin hujii dalaydudhaaf yero hafurbaafata akka kennaniif gaafachulle baatu, Abbottiin hujii sa'atii afur (4) afuritti dalayduun mana fincaani kan itti dhihaatu akka dhaquu dendeeyyan serri isaan gaafata ammas sa'ati 8 titti midhaan nyachuuf waytii isaan gayu akka kennaniif herri isaan gaafata. Waligallatti oddeffannon kun waytii qacelfamni duraa laatamu sitti himama.

Mindaafi bu'aa hujii irra arkamu

Yero hujii jalqabdee abbaan hujii mindaan kee yokaan wanni sa'atti sikenmu hagam akka tahe sitti himu irra jira. Yoo atti nama hujii sa'atti namaa kafalamu kan hojjatu tatee sa'a tiffii hojjatachudhaaf mirga qabda. Yoo atti kan fijaa (damoza) ji,atti kan hojjattu tatee, mindaan ji'aa mama male siif kanama, haatahu male waytii tiffii hojjachuuf mirga hinqabdu. Wanni arkattu kan sa'atti yokaan ji'atti sii bahu tahun yoo gargar sii ifuu baate abba hujii waytii qacelfama dura gaafadhu. Itti dabalee abbaan hujii waan bu'a bira kan bikka hujii tana irra arkatu sii ibsuuf dirqamaa irra jira. Bu'aa bikka hujii irra arkamu akkuma kubbaniyaati waldhaba. Abbottiin hujii gari insuransi fayyatiffii tan ilkaani gari tanuma fayya duwwa ammalle gari bu'aa waytii xooramaa nama laatu. Wanni kun waan akka laafutti nama hingalle. Abba hujii yokaan gorsituu hawaasaa kan waan kana si ibsuu dendeeyyu gafachu irra of booda hindebiin.

Checka mo'oyaa Hubachuu

Cheeka mo'oyaa yokaan mindaa qacellotti hubachuun baasiifi galii kee qiyaafachu akka dendeysu sigargaara. Kuniis hanga ji'a ji'aan sirra muramu baekuun tilmaama akka godhattu sigargaara. Cheeka kee kan duraa yero arkatte wanni irra jiru hundi siif hingalu taha.

Hojjattonni haarayatti hujii jalqaban sa'aa hojjataniif hanga arkachuun irra jiru waan isaan gaye itti hinfakaatu. Dogoggorri hojjatamu malaa. Cheeka kee sirritti off irra laali, garu irra gudda hojjattonni haarayni waan cheeka isaanirra heraan irra kutamu hinhubattan taha. Xalayaa tana irratti fakkiin cheeka akka hubachu dendeysuuf kenamee jira. Checkni kee kan assirratti fakkiif dhihaate kanaan adda tahu mala, garu oddeffanno akka hubbachuuf siilaafatu lakofsaan wanni kaayame hunda checkni qabaachu irra jira "Social Workera" kee waan siingalle gaafachu irra booda hindebiin.

- 1 Adda Baasi hojjataadhaa: Irra gudda lakkofsii hojjataadha siif kanama, yero taka taka numbarri kun "social security" tee tahu mala
- 2 Maqaa hojjatudha: Kun checkni mindaa kee akka tahe mirkaneyssa
- 3 Guyya: kun guyya checkni kun itti barrefame agarsiissa
- 4 Waytii itti jalqabame: kun guyya duraa kan waytii checkni itti jalqabame agarsiissa. Irra gudda kun guyya jinii itti seenufii guyya kudha jahafaatii agarsiissa. Bikka hedduun hujii ji'atti yoxiqaate checka lama kafalu. Abbotiin Hujii garii torbaan lama lamatti checka tokko kafalu
- 5 Waytii irra maayyii: kun guyya waytii mindaa kanaa kan maayyii garsiissa. Irra guddaa guyyaan kun ji'aa kessa guyyaa kudha jahaffa yookaan guyya dhuma baati taha, yokkan guyya jalqabaa irra kaase torbaan lama booda taha

1	Employee ID	2	Employee Name	3	Date	6	Vacation	7	Sick	4	Social Sec. No.	5	Start Period	End Period	
			YOUR Name		2/15/01		20.2		8		123-12-1234		2/1/01	2/15/01	
8	Earnings			Taxes			9	Deductions			10	Year-to-Date		11	
	Rate	Hours	Amount												
	9.5	80	\$ 760.00												\$15,960.00
				<u>FICA</u>											\$ 239.40
				Med.		\$ 11.40									\$ 1,037.40
				S.S.		\$ 49.40									\$ 2,394.00
				Federal		\$114.00									\$ 638.40
				State MN		\$ 30.40									\$ 1,160.25
								Medical		\$ 55.25					\$ 231.42
								Dental		\$ 11.02					
12	TOTAL					\$ 760.00									\$ 66.27
												13			\$ 488.53

1	Adda baafuu	2	Maqaa hojjataa	3	Guyya	6	Fayya dhabaa	7	Social Security.	4	Guyya jalqaba	5	Guyya maayyi
	Hojjataa		Maqake		2/15/01		20.2		8		123-12-1234		2/1/01
8	Galii (hormaata)			Qaraxa Motumaa			9	Kutii	10	Waan hangaamaa			11
	Kafalii hanga saa	Sa'a Waliigala	Waliigala Hori	FICA									\$15,960.00
	\$ 9.5	80	\$ 760.00	Fayya dhabbaa \$ 11.40									\$ 239.40
				Social Sec. \$ 49.40									\$ 1,037.40
				Federal \$114.00									\$ 2,394.00
				Kuta Minisota \$ 30.40									\$ 638.40
								Fayya Ilkee	\$ 55.25				\$ 1,160.25
									\$ 11.02				\$ 231.42
12													\$ 66.27
	TOTAL			\$ 760.00									
	Callaa harka kee seenu											13	\$ 488.53

- 6 Boqonna: fakki checka kan kanamte irratti, hojjataan kun waytii boqonna sa'aa 20.2 walitti qabatee (kuufatee jira). Akka hera boqonna irratti irkatee, dalayduun kun waytii boqonna kan walitti kuufatee dhimma itti bahu nidendeyaa yokaan hindendeyuu taha
- 7 Dhukubsachu: fakki checka kana irratti, hojjataan kun waytii yoo dhibamme dhimma itti bahu sa'ati 8 kan fayya dhabaan itti hafuu dendeyu walitti qabatee. Akka hera fayya dhabaan Hujii irra ooluutti, dalayduun kun waytii tana yero fayya dhabe dhimma itti bahu dendeyu yookaan hindendeyu taha.
- 8 Galii (hormaata) murna kana jala waa heddu jira
- Waan sa'atti Arkattu: kun waan sa'aatti siikafalamu argisiissa. Fakki Checkaa irratti wanni sa'atti arkattu \$9.50
 - Sa'aa Hojjatte: kun waytii hujii kan sa'aa hagam akka hojjatte agarsiissa. Fakki tanatti hojjataan kun sa'aa 80 hojjatte. Waliigala: Arkanni gilmatti dalayduun waytii tana hojjatte \$760.00
- 9 Qaraxa: murna kana jallatti waan hedduttu barreffame
- Med: qaraxa "medicare" dalayduun hundi baafuu
 - S.S.: qaraxa "social security" dalayduun irra muramu
 - Federal: qaraxa galii kan hojjatuun hundi kafaltuu
 - State MN: qaraxa kutaa "Minnesota" kan hojjatuun hundi kafaltuu
 - Waan hojjatee arkatte irra waan qaraxaaf ja'ame sirra qabamu irratti yoo gaafi qabaate "Minnesota Department of Revenue" 1-800-657-3594 yaami. Gaafi jilmaatiif tan qaraxa kutaa Minnesota 1-800-652-9094 yaami. Gaafi qaraxa "Federal Tax" irratti waan rara'u Internal Revenue Service: 1-800-829-1040 yaami.
- 10 Ir'isaa (iraa muramaa) Ir'isaan Abbaan Hujii waan mindaa kee irra gara isaatiin muru jiraachu mala. Fakki checka kan sii kename irratti dalayduun kun checka isaa irra sababii

insuransi fayya tiifi ilkaaniif waan muramee jira. Abbotiin hujii garii hojjattota isaani irra harka gudda insuransi fayyatiifi ilkaani nibaasu. Baasi kan irra hanga toko dalayduun off irra baasu.

Yaadachiissa: yoo gargaarssa general Assistance Medical Care (GAMC) yokaan “Medical Assistance” (MA) qabaacha turte, hanga arkatu irratti irkatee hiree tanaaf mirga niqabda taha. Waan eegumsa fayya teti irratti irkatee mirgaa qabdu Abba Hujii yokaa dalayduu hawaasaa kan “County” gaafadhu, yokaan Minnesota Care Tel: 651-297-3862 bilbili gaafadhu.

- 11 Jalqaba irra hanga arra: kun galii jalqaba baraa irra hanga arraatti hagam akka arkatee mul’dhissa
- 12 Waligaala (jlmaa): checka irratti bikki tun waligala murna hunda irra walitti qabame agarsiissa
- 13 Callaa harka hojjatatti galu. Waytii hujii sanatti galii arkamee irra callaa manatti galfattu arkisiissa. Akkuma agartutti galii jilmaatiifi galii callaa iddu waldehabii guddaatu jira. Tilmamni hormaata keeti galii callaa kana irratti irkachu qaba.

Hujii irra hayyamaan ooluu

Dhibeen hafuu ammaas waytii boqonnaa fudhaachu: Abbotiin hujii yero dura hujii jalqabdu qacelfama/heera haala hujii irra lafa ooluuf itti gaafattu siif himuu. Haali hujii irra lafa itti oltuu kanbekaman akkataa hedduu jira.

Fayya dhabaaf hujii irra ooluu: fayya dhabaaf hujii dhaquu yoo dhadhabdee bikka hujii tetii yaamtee hojjachisaa kee irra yokaan nama waan aknaatiif itti gafatama qabuu irra hayyama fudhachu sirra jira. Nama hojjachissatti bilbiltee akka dhukubsatteefi hujii dhufuu akka hindendenye itti himuun barbaachisadha. Hojjachisaan kee iifi hujii atii hojjattu irratti irkatta. Tilmaama oomisha guutuf hojjachisaan kee guyya saniif bikka tee nama hojjattu idaa kaayuu barbaada taha. Yoo guyya lamaa oll sababa fayya dhabaatiin haftee haakima irra haala itti dhukubsatte kan ibsu, xalayaa ragaa fiduu sirra jira.

Waytii Boqonna: America kessatti hujii irra guddaan bu’aa hojjattu hundaaf kanamu amattati torbaan lama waytii boqonna nikennu. Garuu otoo waytii boqonna kana fudhataaf hindhaqabne ji’aa hamma tokko hojjachu sirra jira.

Olmaya Hatatamaa: Abbotiin hujii gara hojjattu isaanitiif oolmayya Hatatamaa nikennuf taha. Kuniis waytii warri dhukubsatan yookan duuti missenssa warra tokkotti dhufte oolmayni hatatamaa nikennaamaaf.

Waytii irra olmayaa kan biraa: yoo waytii boqonnaa yokaan kan fayya dhabaa kan kuufatte qabaatte haaja mataa keetitiif olmayaa wayti boqonna yokaan fayya dhaba fudhachuuf mirga qabda. Yoo hujii irra ooluuf fedhii qabaate.

Madaalaama Hujii

Waayee hujii madaaluu waytii dura hujii jalqabdu sitti himamee dhagaysee jirta taha. Abbotiin hujii waytii hujii tee itti madaalen qaban. Gariin isaani yeroo waytii itti laalamu irra waytii hojjatu

dhaabata dabartu hujii tee madaalen taha. Eega hujii jalqabde ji'aa 6 booda hujii tee madaalen. Hojjachiisonni biraa eega atii hujii irra bara tokko turte booda sadarkaa sii dabaluu hujii tee madaalen. Eega hujii irra waytii hanga tokko turtee booda mama/gaafi malee faydaan bikka hujii irra arkatuufi mindaan kee siif ida'amaa yokaaniis otoo mindaan sii ida'amne dura hujii irratti madaalamtta. Kara lamaanittu akka mindaan si dabalamu gaafachu yokaan Abbaan Hujii tataafatu kee sihubatee mindaa akka sidabaluu hujiin tee akka madaalamtu Abba hujii gafachuu sirra jira. Haali kun warra amma America seneef heddu rakisaadha. Otoo nama sii hojjachisu bira dhayxee hingaafanne dura nama sibeeku wajji off lenjisii. Qooda akkam bikka hujitii akka hirmaattu siritti itti yaadii. Atti nama abdatamu, kan waan haaraya barachuuf fedhi qabuu ammaas nama itti gaafatama ba'achu dendeysu tahu kee itti muldhisii. Yerro madaalama hujii waan kan fakaatu dubachudhaaf qophaawii.

Walddidda furuu

**Tooyattoota, wallin-hojjatoota ammas haala mufanno itti dhihayfattan:
Namotta waliin hojjattu wajj yero walddidda qabaatte jiraachu mala**

Yoo nama wajji hojjattu kan rakkinna waliin qabdu wajji kabajaaf, fuu'ille haasawuun rakkinnaa hiikachu dadhabden hujii tooyataa (supervisor) nagayaa ketti himii. Hujii tooyataa keetiin yero haasoytu karaa rakkinni kun itti hiikamuu dendeysu itti himii, waan gara keetiin goodhu dendeysu waliin hojadhu. Yoo rakkinni nama waliin dalayduu wajji ammalle hiikuun dadhabame tooyataan hujii kee akka bikka biraatti yokaan (yero) shifti biraati siijjiiru gaafadhu. Yoo tooyataa keetii wajji rakko qabaatte, barru qacelfamaa tan yero hujii jalqabdu sitti kanamtee deebii laali. Akkaata tarkaanfiin mufanno bikka hujii itti hujii irra ooltu qacelfanna kan irra arku dendeysa. Wajirri dhimma hojjatootaa yoo lafa hujii tetii jiraate oddefanno waan kan irratti rara'u silachu dendeysu. Yoo waldayni hojjatootaa bikka tee jiraate itti gaafatamaan waldayaa oddeefanno sikkannu nidendeysa. Yoo ammalle wanni gootuu sii ifaa tahu baate "Minnesota Department of Labor and Industry Investigative Services" Tel: **(651) 297-5797** qunnamii.

Mirga Hojjatootaa

Hera mirga off jaaru, hera nama gargar toohuu ammalle qoorrana biraa

America keesatti hera mirga hojjatoota eeguutu jira. Hujii isaanitiif waan qimmu arkatuufi ijaa gaariin akka laalaman mirkanayfachuuf hojjatonni off jaarufi waldayaan jaaramni bikka bu'aa dhaabachuuf mirga qaban. Kanaa

Yoo karaa maleen waan riqamte sitti fakaate mufanno tee waajiroota armaan gaditti barreffammen waami
Department of Labor and Industry
Investigative Services:
Discrimination and Sexual Harassment
651-297-5797
Work Related Injuries
651-296-2432
Unemployment Benefits
651-297-2177
Income Tax with holding
651-644-7515

Yoo atii baqataa taate yokaan America dhufte assittihaftee xalayaa biyya arkatte Abban Hujii "Barru Abooma Hujii" BAH kan atii d
hihayfatte irratti gaafi yoo qabaate atii yokaan Abbaan Hujii Bilbila:
(202) 612-5594 qunamuun waajira "
the office of Special Council"
dubisuu dendeysuu.

achitiis, Abban Hujii umrii tetiin, dhiira yokaan dhalaa tahukeetiif, shanyiidhaan, bikka dhaloatatiin, amantiin, haala filmaata fedhi qaama ketitiin amalle ir'inaa qaamatiif waan kanneen fakaatu irratti irkatee nama gargar toohu hindendeyu. Ammalle hera fokoo/hayyamaan malee fedhi dhiraa dhalumaa muldhisuu dura dhaabatu jira. Yoo haali akkanaa kun waan sirra gaye sitti fakaate mufanno kee dhihefachuuf mirga qabda. Yoo namni waan akkanaa sirratti hojjatee tooyataa (supervisor) kee tahu baate dadafiin tooyataa keetitti mufanno kee dhihayfadhu. Namni waan kana sirratti hojjatuu tooyataa (supervisor) kee yoo tahe waajira “Minnesota Department and Labor of Industry” Bilbila: **1-800-342-5354** yaami gorsa gaafadhu.

Ejjanno

7

Yero hujii gadlakkisuuf muratte

Yoo hujiiin Americatti yero duraatiif arkatte tan siitaatufii fedhi tee guutu taate ayyaanna gaari qabdaa. Lafa hujii biyya Americattii hujiiin dalayde hundi tan hiree oguumma haarayaafi muxanno caalatti itti arkattu taati. Muuxanno arkatte kessa tanduraa hujii amma irra jirtu dhiiftee tan biraa tan irra caaltu seenu dendayuudha. Bikki hojjatte hundi bikka hujiiitiif ragaa sii tahu dendeyyan. Yoo Abbootiin hujii kan biraa turte xalayaa si utubaa gaaritti sii barressen bikka bira tan xalayaa hujii naqatee ijaa gaariin silaalu dendenyuu.

Hojjachisaa kee hubachiissa hujii dhiisuu itti laachu. Yero hujii dhiisuu barbaadde, akka hujii biraa barbaada jirtu Abba Hujii si hojjachiisaa jirutti himuu sin barbaachisuu taha. Hiree irra wayya tan mindaa fi bu'aa caala qabdu barbaadachudhaaf mirga guutu qabda. Haatahu garu hanga siidendayamutti, hujii amma hojjcha jirtu gaafa dhiisuuf muratte abba hujiiitiif hujii gadlakkisuu kee duraan dursitee itti baysisu sirra jira. Baysissa kee barresitte xalayaan dhihaysuun guyya booda kan hujii irratti arkamtu sirritti gargar baasuuf sigargaara. Xalayaa tana copy irra kaasi dosee tee kaysaa kaayyadhu.

Walamantiin gaariin akka issin iddutti umamtuu, gaafa hujii dhiisuu kaate guyya 15 (torbaan lama) duraan dursii itti baysissi. Abbottiin hujii garii akka nama idda tee bu'u godhudhaaf guyya 30 dura yoo itti himame filatu. Yoo hujiiin amma hojacha jirtu tan waytii boqonna tan kennitu taate waytii boqonna tan kuufate itti dhimma bahu akka dendeyssu baysissa kee hanga tokko duraan dursitee himuu sirra jirra. Abba hujiiitti hujii dhiftee deemu ke otoo ittin himne yoo deemte, yoo hujii iraa achumaan hafte, hojjachisaan kee xalayaa ragaa gaarii sinkanu taha. Abboti hujitti guyya boodaa kan bikka hujii itti arkamtu baysisuun hojjachiisaa keetifii fedhi isaaniitiis akka kabajju itti mul'dhisa. Hujii amma arkatee tanaaf xalaa ragaa hinbarbaadu taha garu haala gaariin isaan biraa demuun hujii biraa yero barbaaduuf sigargaara. Xalayaan ragaa hujii akka siibarreyfamtu gaafadhu.

Yero xalayaa yokaan baysissa hujii dhiisuu

Abba hujiiitiif kennu yaaltu tooyataa keeti irra bellama fudhadhu. Bikka amma hojjatte tana irra wanni baratte yoo jiraate tooyata hujii kee hiree siikennan hundaaf galateyfadhu. Waytiin tun ammas yero xalayaa ragaa tan itti sii utuban akka sibarressan itti gaafatu. Xalayaan tuniis yero fulduraa hujii barbaaddu akka sigargartu dosee tee keesa kaayi.

Ittidabala Burqaa Gargarsaa

Wajroota Bulcha Social Security

Website: <http://www.ssa.gov>

1103 Broadway Alexandria, MN 56308-2529	990 W 41 st Street, Suite 69 Hibbing, MN 55426-2200
404 2 nd Street NW Bemidji, MN 55912-3010	1550 Mankato Place 12 Civic Center Plaza Mankato, MN 56001-3616
520 4 th Street NW Bemidji, MN 56601-2900	1210 East College Drive Marshall, MN 56258-2076
2215 South 6 th Street Brainerd, MN 56401	1811 Chicago Avenue Minneapolis, MN 55404-1998
3220 County Road 10 Brooklyn Center, MN 55429-3063	401 16 th Avenue NW., Suite 104 Rochester, MN 55901-1854
400 First Bank Place 130 West Superior St., Suite 400 Duluth, MN 55802	Federal Building, Room 130 720 W St. Germain Street St. Cloud, MN 56301-3500
5212 Edina Industrial Blvd. Edina, MN 55439	Federal Building, Room 185 316 Robert Street N St. Paul, MN 55101-1483
720 E. Blue Earth Avenue Fairmont, MN 56031-4047	53 East 3 rd Street, Suite 307 Winona, MN 55987

Social Security Administration Number: 1-800-772-1213

Waltajjii Humna (oduu) Hujii **Magaalawwan Lakku Iffi Naanawaa Isaani**

Yoo duruu Barru Hayyama Hujii (BAH) ammaas lakooyssa social security arkattee tajaajilaa waltajjii oduu hujii kanatti dhimma bahu dendeeyssa. Waltajjiin human hujii kan Minnesota website isaa: <http://www.mnworkforcecenter.org> waltajjii MN kessa jiraniifi bikka hujii jirtu website kana irra baru dendeeyssa.

Ramsey County

City of St. Paul

1. 494 Sibley Street,
St. Paul, MN 55101
Telephone: 651-228-3283
2. Norwest Center
55 East 5th Street, 1st Floor
St. Paul, 55101
Telephone: 651-296-6786
3. 2455 West University Avenue,
St. Paul, 55104
Telephone: 651-642-0363
612-346-4000

Anoka County

City of Blaine

Anoka County Human Service Building
1201 89th Avenue N.E., Blaine 55434
Telephone: 612-783-4800

Dakota County

City of West St. Paul

1. 33 East Wentworth,
W. St. Paul, 55118
Telephone: 651-450-2667
2. 60 East Marie,
W. St. Paul, 55118
Telephone: 651-552-5000

City of Burnsville

14571 County Road 11,
Burnsville 55337
Telephone: 612-997-4850

Hennepin County

City of Minneapolis

1. 1200 Plymouth Avenue N.,
Minneapolis, 55411
Telephone: 612-520-3500
2. 777 East Lake Street,
Minneapolis, 55407
Telephone: 612-821-4000

Hennepin County North

City of Brooklyn Park

7115 Northland Terrace, Suite 100,
Brooklyn Park, 55428
Telephone: 612-536-6000

Hennepin County South

City of Bloomington

4220 West Old Shakopee Road,
Bloomington, 55437
612-346-4000

For more information about the Minnesota Work Force Centers listed above as well as others located in other areas of Minnesota and the Services they offer, call this toll free number : 1-888-438-5627

Web site kan biraa kan hujii barbaaduuf sigargaaru

Job websites

www.careerbuilder.com (career jobs)
www.tempforce.com (temporary jobs)

Hospital employment opportunities:

www.regionhospital.com
www.fairview.org
www.allina.com
www.hire-power.com


Transportation assistance:

Metro Transit www.metrotransit.org or CALL 612-341-4287

Barru Fakkenyaa

Fakkenyaa Barru Abbomaa Hujii

Fakkenyaa Barru, Seennatifi Bahinsaa
(I-94 Document—Entry & Departure Card)



Ittidaballii Barrotta Fakkiff Tahu

Worksheeti fakki resume' kan ofiin lenjisaa.(ofiin lenjisuudhaaf xalayaa tana copy godhi)

Maqaa kee: _____
Teysoo: _____
Magaala: _____ Kutaa: _____ Zip code: _____
Numbara tel: _____

TILMAAMA

DENDEYTTII

SENA HUII

Maqaa kubaaniyaa _____
Gaafa hojatte _____ elaa _____
Maqaa darajaa tetii _____
Waan hojachaa turte _____

Maqaa kubaniyaa _____
Gaafa hojachaa turtee _____ elaa _____
Maqaa drajaa tetii _____
Hujii hojachaa turte _____

Maqaa kubaniyaa _____
Gaafa hojachaa turtee _____ elaa _____
Maqaa drajaa tetii _____
Hujii hojachaa turte _____

BARNOOTA

XALAYAA RAGAA: yoon gaafatamee dhiheysuun nidendeyama

Yaadchissa: Yoo abbaan hujii waan hunde teeti siigaafatu akka dhihefachu dendeysu maqootii namaa kan ragaa sii tahan kurfeyfadhu.

Gaafi yero formi hujii itti gaafattu guuttu gaafatamtu.

Ammaan dura kubbaniiyya(maqa _____) tannatti hojjachuuf gaafatee jirtaa?
Ayye _____ Lakki _____ Yoo ayyee jatte yoom _____

Hiree hujii kabbaniiyaan tun qabaachu akkamit dhageysse? _____

Nama kubbaniiyaa tanaaf hojjatu tokkollee nibaytaa? _____ Ayye, _____ Lakki Yoo baytee,
ibsi _____

Yoo kubbaniiyaa (maqa kubbaniiyya) tannatti. hujii arkattee akka America kessa hojjachu
dendeyssu waraqaa ragaa niqabdaa? _____ Eyye _____ Lakki
Yoo lakki jette ibsi _____

Kubbaniiyaan hujii itti gaafatte yoo hujii sikannittee senaa fayya qaama keeti, dhiheysuuf
ilaalama qaama godhuuf, dragaafii alcohola qaama kesaa akka qabne laalamuuf
qophawaadha? _____ Eyye _____ Lakki
Lakki yoo jette maalif ibsi? _____

Sera cabsitee takka sitti muramee baytaa (balayssa trafikaa hinkatabin)
_____ Eyye _____ Lakki Yoo eyye jette ibsi _____

Sadarkaan hujii tan atti gaafatte tan akkami?
_____ Yero gutu itti hojjachu (torbaanitti sa'a 36 yokaan sanii ol)
_____ Yero murna tokko hojjachu sa'a 36 gadi

Guyya kam jalqabu dendeyssa? _____
Yoom hojjachu barbaada
_____ Ganama _____ halkan
_____ Galgala _____ torbaan irra guyya maayi

Oli gaddi deemte hojjachuuf fedhi qabda? _____ Eyye _____ lakki

Yoo hujiiin bikka biraatti akka godaantu siigaafate nigodaanta?
_____ Eyye _____ lakki

Oggumma adda tahe, muxanno, fedhi akkam kubbaniiyaa tanaaf hirmaachuf yokaan fiduuf
qophoytee jirta? _____

Maaliif kubbaniiyaa (maqa _____) tanaaf hojjachu feete? _____

Barnoota yokaan lenjissa hujii tana hojjachuuf barbaachisu raawattee jirta?
_____ Eyye _____ Lakki Yoo eyye jette adraa ibsi: _____

Ragaa hujjin sibeekan

(yoo kubbaniiyaa hojjateef tahu baate nama siibeeku)

Maqa/darajaa _____
Telephona _____
Dhaabata (maqa jaarmayaa) _____
Bikka/teysso _____
Magaala _____ Kutaa _____ Zip code _____
Akkamitti walbaytten (namni kun akkamitti sibeeka)

Maqa/darajaa _____
Telephona _____
Dhaabata (maqa jaarmayaa) _____
Bikka/teysso _____
Magaala _____ Kutaa _____ Zip code _____
Akkamitti walbaytten (namni kun akkamitti sibeeka)

Maqa/darajaa _____
Telephona _____
Dhaabata (maqa jaarmayaa) _____
Bikka/teysso _____
Magaala _____ Kutaa _____ Zip code _____
Akkamitti walbaytten (namni kun akkamitti sibeeka)

Maqa/darajaa _____
Telephona _____
Dhaabata (maqa jaarmayaa) _____
Bikka/teysso _____
Magaala _____ Kutaa _____ Zip code _____
Akkamitti walbaytten (namni kun akkamitti sibeeka)

Sena hujii (hujii hojjataa turte tan waytii gututti hojjataa turtee fii tan murna tokko duwwa hojjataa turte sirritte gargar baasi ibsi. Bareessuuf yoo xalayaan biraa sibaarbaachisee waraqaana heddomessi)

Abba hujii _____ Telphona _____
Tayso (bikka hujii) _____
Magaala _____ Kutaa _____ Zip code _____
Maqaa nama hujii sirratti laalu _____

Sadarkaa isaa _____ Minda torbaanitti arkattu turte _____
Hanga itti jalqabde _____ Waan booda arkate _____

Hujii _____
Guyya itti jalqabde jia/bara _____
Hujii akkam hojjataa turte (ibsi) _____
Ogguma itti dhimma baha turte ibsi _____

Hujii san maalif gadilakisuuf muratte? _____

Kubbaniyaa hojjachaafi turte qanamne dubifnuu? . Eyye _____ Lakki _____
Yoo lakki jette maaliif? _____

Abba hujii _____ Telphona _____
Tayso (bikka hujii) _____
Magaala _____ Kutaa _____ Zip code _____
Maqaa nama hujii sirratti laalu _____

Sadarkaa isaa _____ Minda torbaanitti arkattu turte _____
Hanga itti jalqabde _____ Waan booda arkate _____

Hujii _____
Guyya itti jalqabde jia/bara _____
Hujii akkam hojjataa turte (ibsi) _____
Ogguma itti dhimma baha turte ibsi _____

Hujii san maalif gadilakisuuf muratte? _____

Kubbaniyaa hojjachaafi turte qanamne dubifnuu? . Eyye _____ Lakki _____
Yoo lakki jette maaliif? _____
